# BEEKSISA UUMMATAA

University of Minnesota
Driven to Discover℠

## Shaakala leenjii tasaa Yunivarsitii Minesootaa

## Roobii, Hagayya 14, 2013

## Wiirtuu galmee artii (Daandii Rivarsaayd Fi Kibba daandii 21ffaa)

Yunivarsitiin Minesootaa kaampaasii West Bank keessatti shaakala leenjii tasaa gafa roobii Hagayya 14. Waaree booda 9:00 irratti ni qabaata. Shaakalli kan kennamu wiirtuulee galmee gamoowwan 405 fi daandii Artii 418 fi daandii 21ffaa Kibba Mini'aapolisii irratti.

Yoo ati gaafa Roobii Hagayya 14, gochaalee poolisii argite yookin dhageesse balaan tasaa akka HIN GEENYE beeki maaloo. Kuni shaakala hojjettoota eeggannoo hawaasaa yeroo balaan dhaqqabu kennuuf taasifamuu dha.

Jiraattotnii fi daawwattootni West Baank gaafa guyyaa Roobii Hagayya 14, kanneen kanatti aanan ni ta'u jedhanii eeguu qabu:

- Gochaalee poolisootaa dabalataa kaampaasii Yunivarsitii Minesootaa keessaa
- Seeran dirqisiisuu fi konkolaattotni deebii kennitoota yeroo balaa bakka konkolaattotni Yunivarsitii itti dhaabbatan, daandii rivarsaaydii fi Kibba daandii 21ffaa fi naannoo isaatti ni dhaabbatu.
- sagaleewwan balaa beeksisan, lallabaa fi sagaleewwan biroo shaakalichaan wal qabatan

Gaafa guyyaa Roobii Hagayya 14, Daandiileen kanneen armaan gadii konkolaattotaa fi namootii miilan deemaniif cufaa dha.

- Kibba daanii 21ffaa daandii kibbaa 4ffaa irraa hanga daandii Rivarsaayd
- Kibba daandii 5ffaa Kibba daandii 21ffaa hanga daandii 22ffaa
- Iddoo dhaabbata konkolaataa Yunivarsitii Minoosotaa Dhaabbii lakk. 94 fi 95

Dhaabbileen kana irratti hirmaatanis, Dippaartimentii poolisii Yunivarsitii Minesootaa, Maanejimentii yeroo balaa tasaa Yunivarsitii Minesootaa, Dippaartimentii ittisa balaa ibiddaaMini'aapoolisii SWAT, Hojiilee hawaasaa Mini'aapolisii, Baha metro SWAT, PD Traanziitii Metro, Waajjira Hennepin Kaawuntii Shariif, Wiirtuu tajaajila fayyaa Hennepin Kaawuntii fi FBI dha.

Dhaabileen baay'ee ta'an waliin ta'anii hojjetan yaalii gochuu fi hojii irra oolchuuf yeroo balaawwan gurguddoo dhaqqaban deebii kennuuf akka qophaa'an jecha shaakalli kun ni eyyama.

**Odeeffannoo dabalataa argachuuf, sarara mit-yeroo balaa poolisii: 612-624-COPS (2667) qunnami.**